BIG HOUSING BUILD

Oromo | Afaan Oromoo

# Bakka Flemington waan dhihootti hojjetamu

Beeksisa Waan Hojetamuu

Adoolessa 2026

homes victoria

## Waan irratti ijaaramuu fi ittiin ijaaramu itti fufuuf bakka hojii bal'isuu

### Baatii Hagaya hanga Sadaasaa

Waan irratti ijaaramuu fi ittiin ijaaramu ijaarsa manneen haaraa fuulduraaf ijaaraman kan gargaaru hanga dhuma waggaa 2026 gandicha keessatti itti fufa.

### Maal akka hojjennu

- Waan irratti ijaaramuu fi ittiin ijaaramu hojjii ijaarsaaf gargaaru kara kibba bakkichaa hanga Racecourse Road gahutti babal'isuun itti fufa
- Dirree konkolaataan dhaabbattu karaan ittiin seenamuu fi keessaa bahamu 120 Racecourse Road fi 12 Holland Court gidduu jiru ni jijjiirama
- Bakka ambulaasiin dhaabbattuu fi keessaa bu'amu bakka ni jijjiirama
- Dirreen konkolaataan dhaabbattu kan 120 Racecourse Road fi 12 Holland Court gidduu ni sararama. Yeroo ijaarsi kun taasisamu dirreen konkolaataan dhaabbattu banaa taha
- Bakkichaa biyyeen qotamee ittis guutama
- Mukeetii fi bilqiltuun hangi tokkos ni ciramu
- Yoo bakkichaa waan gatamuu qabu jiraate ni gatama.

Nageenya eeguu fi danqaa uumamu hir'isuuf jecha waan hojjetamu hundi sirna lafa kaayyameen raawwatama.

**Maaltu tahuuf akka jiru**

- Dirreen konkolaataan dhaabbatan, karaan ittiin seenamuu fi karaan miilaa bakkichaa yero yerootti ni jijjiirama. Mallattoo fi karaa irra deemamu hordofaa
- Bakki dirreen konkolaataan dhaabbattu kan 130 Racecourse Road fi 12 Holland Court gidduu dhuma baatii Hagayaa keessa banama
- Yeroo yerootti karaan lootuun ittiin keessaa bahamu (exit slip) kan Racecourse Road yeroof ni cufama. Kara mallattoon kaayamee jiru gara konkolaataatti karaan geessu ni jira

More Homes For Victorians | VICTORIA State Government

- Bakkichatti waan hojjetamu ni jalqabama
- Yeroo hojiin kun itti jiramu waccaa (noise) fi girgira (vibration) ni qabaata
- Bakkicha konkolaataa gudguddaan ni deddeemu
- Akka barbaachisaa isaatti hojjetooti uffata hojii adda tahe uffatan, uffata adiis dabalee bakkichatti ni argamu.

### Nageenya keessan eeguu fi yeroo ijaarsaa kanatti danqaa uumamu hir'isuun ni jira

- Karaan miilaa haaraan bakka 130 Racecourse Road gara dirree ummataa (public park) haarayaan (Murnalung Park) amma banamee jira
- Bakka dalagaa kanatti waca, girgira fi qulqullina qilleensaa to'achuun ni jira
- Bakka hojichaatti mallattoon ni tolchama
- Akka barbaachisaa isaatti bakka hojii kanaatti seera karaa kan to'atan fi konkolaataa karaa kan qajeelchan ni jiru
- Karaan itti kosiin fuudhamuu fi bakki balaa jalaa itti wal gahan (evacuation routes) akkuma duriitti banaa taha.

### Sa'aa dalagaa

Sa'aan dalagaa keenyaa akka qajeelfama beekamaa kan gumii gandaa (council's standard) taha:

**Wixata (Monday) hanga Jimaataa**
Ganama sa'aa 7 hanga galgala sa'aa 6

**Sanbata (Saturday)**
Ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3

## Obsa keessaniif galatoomaa

Yeroo dalagaa barbaachisaa kana raawwannu obsa keessaniif isin galateeffanna.

### Waan hojjetamu irratti gaaffii qabduu?

Waan hojjetamuuf karoorsame yokin afaan hiikaa yoo barbaaddan email kanaan nutti ergaa flemington@homes.vic.gov.au.

More Homes For Victorians | Victoria State Government

**Suuraa bakka hojjetamuu**




## Caalaatti baruuf

Odeeffannoo caalu waa'ee Homes Victoria argachuuf as ilaalaa: homes.vic.gov.au

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne.© State of Victoria, Australia, Hooms Viktooriyaa, Adoolessa 2026.

More Homes For Victorians
VICTORIA State Government